




# WAAMICHA RAAJII

Barnoota 2ffaa Onkoloolessa 10, 2026




«Anis sagalee  
Gooftaa kan, “Ani  
eenyunan ergadha?  
Eenyutu nuuf  
deema?” jedhu nan  
dhaga'e. kana irratti  
ani, “Kunoo anuu jira.  
Na ergi!” nan jedhe.»  
(Isaay. 6:8)

Abraham (raajii Kakuu Moofaa isa jalqabaa) fi Yohaannis cuuphaa (raajii Kakuu Haaraa isa jalqabaa) gidduu gara waggoota 1,900 tu jira.

Inni jalqabaa kakuu karaa “sanyii” raawwatamu labse. Inni lammataa ammo dhufaatii “sanyichaa” (Yesuus), isa raawwatamuu kakuu abdachiifame sanaa labse.

Gidduutti immoo, raajonni biroon walitti dhufeenya sabni Waaqaa wajjin qabuu fi Masihi eeguu akka itti fufan bakkatti deebisuuf waamamaniiru. Kaan immoo yeroo itti Masihiin dhufu keessumaa baasanii dubbataniiru. Raajonni kun akkamitti filaman? Waamicha raajummaa isaaniitiif akkamitti deebii kennan?



**Abraham:** Raajii Kakuchaa



**Eliyaas:** Raajii bakkatti deebisu



**Isaayaas:** Raajii Masihichaa



**Daani’el:** Raajii waa’ee gara fuulduraa



**Yohaannis cuuphaa:** Raajii isa dura deemaa

# ABRAHAM: RAAJII KAKUCHAA

**“Waaqayyo Abraamiin akkana jedhe; “Biyya kee, saba keetii fi mana abbaa keetii dhiisiitii gara biyya ani si argisiisuu dhaqi.” (Uumama 12:1)**

**Abraham nama yeroo jalqabaaf “raajii” jedhame dha (Uum. 20:7). Kallattiidhumaan Waaqayyo isa waamee, waaqolii tolfamoo fi xuraa’ummaa isa marsee jiruu dhiisee gara biyya hin beekneetti akka deemuuf gaafate (Uum. 12:1).**

**Waamicha sanaa wajjin kakuu baay’ee galameef. Eebba Waaqayyoo akka argatu, akka guddatu, karaa isaa “maatiin lafa irra jiru hundinuu” eebbi akka isaan ga’u itti hime (Uum. 12:2-3).**



**Waamicha sanaaf akkamitti deebii kenne? “Abraham gara iddoo dhaaluuf jiruu akka dhaqu yommuu waamametti, amantiidhaan ajajame; eessa akka dhaqu iyyuu utuu hin beekin ka’ee deeme” (Ibr. 11:8).**

**Akka raajiitti, balaa ta’uuf jedhu hin labsine, garuu Waaqayyoon Isa dhugaa beeksisuuf akkasumas waadaa fayyinaa karaa Masihi dhufuuf jedhu mul’ise.**

# ABRAHAM: RAAJII KAKUCHAA

**“Waaqayyo Abraamiin akkan jedhe; “Biyya kee, saba keetii fi mana abbaa keetii dhiisiitii gara biyya ani si argisiisuu dhaqi.” (Uumama 12:1)**

**Turtii isaa Kana’aan keessatti, Abraham (inni dura maqaan isaa Abram ture) Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya baay’ee qabaateera, yeroo sanas ergaa baayyee fudhateera.**




**Yeroo sanatti, aarsaa keessaan, Waaqayyo Abramii wajjin kakuutti gale (Uum. 15:7-21)**



**Shekemitti, sanyiin isaa lafa Kana’aaniin akka dhaalan waadaan galameeraaf (Uum. 12:6-7)**



**Waaqayyo maqaa isaa fi maqaa Saray in jijjiire, sanyiin isaas karaa ilma Saaraay akka lakkaa’amuuf mirkaneesseef (Uum. 17:1-8, 15-16)**



**Beetelitti, Waaqayyo sanyiin kee “akka biyyoo lafaa ni ta’u” jedhee waadaa Isaa haarsesseera (Uum. 13:14-18)**



**Waaqayyo Abrahamitti karaa ergamoota lamaa qaamaan mul’atee, waa’ee dhalachuu Yisaaqiin labse (Uum. 18:1-2, 10)**




**Mamreetti immoo, sanyiin isaa akka urjootaa akka baay’atan mirkanaa’eef. “Abraam Waaqayyotti amane, innis qajeelumaatti lakkaa’ameef” (Uum. 15:1-6)**



**Waaqayyo akka Abraham ilma isaa Yisihaaqaan aarsuufiif gaafate. Aarsaa bakka bu’iinsaa dhiheessuudhaan, karoorri fayyinaa guddichi itti mul’ifame (Uum. 22:1-3, 9-13).**

# ELIYAAS: RAAJII BAKKATTI DEEBISU


“Eliyaasis fuula sabaa duratti gad ba’ee, “Isin hamma yoomiitti yaada lama gidduu deddeetu? Yoo Waaqayyo Waaqa ta’e, Isa faana deemaa; yoo Ba’aal waaqa ta’e immoo isa faana deemaa” jedhe (1 Moot. 18:21)



Ahaabii fi Izaabeel saba Israa’eliin gara gantummaa hamaatti oofan. Namoota muraasa qofatu Waaqayyoon waaqessa ture; kanaa achi kaan isaanii Ba’aal, Asheeraa, fi waaqota biroof sagadu. Haala sana keessatti Waaqayyo raajicha Eliyaasiin waame walitti dhufeenya saba filatee wajjin qabu bakkatti deebisuuf (1 Moot. 17:1).



Gogii waggootaa booda, Eliyaas saba Israa’eliin gaara Qarmeeliyos irratti walitti qabee gara Waaqaatti akka deebi’aniif jajjabeessu iyyuu isaan deebii hin laanne (1 Moot. 18:21). Waaqa Isa dhugaa hubachuuf dinqii arguu isaan barbaachisee ture (1 Moot. 18:30-39).



Ergaan raajicha Eliyaas – waaqa tolfamaa dhiisaa gara Waaqaatti deebi’aa jedhu – dhufaatii Yesuus lammataa dura humnaan ammas ni lallabama. Kaayyoon isaa guddaan: iddoo aarsaa maatii bakkatti deebisuu dha (Milk. 4:5-6).

Karaa maatiidhaa, waaqeffannaan maatii, hawaasaa, fi saba keessatti bakkatti deebi’a. Eenyutu hojii kana raawwata? Anii fi isin Eliyaas warra hawaasni barbaadu dha har’a.



# ISAAYAAS: RAAJII MASIHICHAA

**"Hundi keenya akka hoolaa karaa irraa badnee turre; tokkoon tokkoon keenya gara karaa keenyaatti gore; Waaqayyos balleessaa hunda keenyaa isa irra kaa'e" (Isaa. 53:6)**



**Isaayaas, sabni cubbuu isaa beekee dhiifama Waaqaa akka fudhatuuf waamicha gochuuf waamame (Isaay. 1:18).**

**Yeroo mootichi Uuziyaan du'etti, mul'ata guutummaa bara tajaajila isaatii hundumaa keessa yaadatu fudhate, innis: Waaqayyo mana Qulqullummaa Isaa keessa ture, yeroo buusaan balbalaa raafame, onneen raajichaas ni raafame, sababa waa'ee baasuu dadhabuu isaatii (Isaay. 6:1-5).**

**Erga isaaf dhiifamee booddee, soda malee ergaa Waaqayyoo lallabuu danda'e: "Asan jiraa, na ergi" jedhe (Isaay. 6:6-8).**

**Tajaajilli isaa yeroo dheeraa, waamicha qalbii jijjiirrannaa gochuu qofaa hin turre, keessumaa hojii Yesuus, Masihichaa, lallabeera.**



**Akka ajaa'ibaa,  
kitaabni Isaayaas,  
"Wangeela,  
Wangeela duraa"  
jedhama**



# ISAAYAAS: RAAJII MASIHI CHAA

**"Hundi keenya akka hoolaa karaa irraa badnee turre; tokkoon tokkoon keenya gara karaa keenyaatti gore; Waaqayyos balleessaa hunda keenyaa isa irra kaa'e." (Isaay. 53:6)**



**Isaayaas 53 ibsa gadi fagoo karoora fayyinaa Yesuus fiixaan baase of keessaa qaba:**



**Waamichi Isaa kan hafuuraati malee kan foonii miti (lak. 2)**



**Gad qabame, in dhiitame, in tuffatame (lak. 3)**



**Yooma namoota danuu fayyise illee Isa hin fudhanne (lak. 4)**



**Fannoo irratti du'uu isaatiin fayyina nuuf kenne (lak. 5)**



**Waaqayyo cubbuu keenya hunda isaa Isarra kaa'e (lak. 6)**



**Warra Isa himatan duratti hin falmanne (lak. 7)**



**Himatamee du'aaf dabarfamee kenname (lak. 8)**



**Sooressootaa wajjin awwaalame (lak. 9a)**



**Takkaa cubbuu hin hojjenne (lak. 9b)**



**Du'a aarsaa erga du'ee booda deebi'ee ka'e (lak. 10)**




**Gaaf tokko warra fayyisee wajjin ni jiraata (lak. 11)**



**Amma immoo, nuuf araarsaa jira (lak. 12)**

# DAANI'EL: RAAJII WAA'EE GARA FUULDURAA

"Garuu Waaqni iccitii mul'isu tokko samii irra jira. Innis wantoota baroota dhufan keessa ta'an Nebukadnezar mootichatti argisiiseera." (Daan. 2:28a)





Jalqabumaa ka'ee Daani'el amanamummaa isaatiin beekama. Nyaachuu isaatiin amanamaa ture (Dan. 1:8); Waaqayyoon galateeffachuutti amanamaa ture (Dan. 2:27-30); hamaa Nabukadinezeritti dhufu dursee dubbachuutti amanamaa ture (Dan. 4:19); cubbuu Belxishaazaariin dubbachuutti amanamaa ture (Dan. 5:22-23); jireenya kadhataa isaatti amanamaa ture (Dan. 6:10).



Ergaa jireenya isaa keessatti kenne malee, ka'umsaa fi kufaatiin impaayerota addunyaa labsuufis waamameera: Baabiloon, Faares, Giriik, Roomaa fi Awurooppaa (Dn. 2, 7-12).


Raajii waa'ee impaayerotaa waan argeef, Daani'el firdiin akka jirus dubbateera (Dan. 7:9-10) dhufaatiin Yesuus inni jalqabaas yoom akka ta'e dubbateera (Dan. 9:24-27).

Raajiin isaa, har'a iyyuu raajii hin raawwatamin jiran akka labsinuuf nu gargaara: innis dhufaati Mootummaa Waaqaati (Dan. 2:44; 7:27).



# YOHANNIS CUUPHAA: RAAJII ISA DURA DEEMAA

“Yohaannis dubbii Isaayaas raajichi dubbate sanaan deebisee, “Ani sagalee gammoojjii keessaa, ‘Gooftaaf karaa qajeelchaa’ jedhee iyyu sanaa dha” jedheen” (Yoha. 1:23)



Akkuma raajota biro – kan akka Saamu’elii fi Ermiyaas – Yohaannisis utuu hin dhalatin dursee addaan baafame. Akka dura deemaa Masihiitti, hojii Eliyaasiin akka hojjetuuf waamame (Luq. 1:13-17).



Jireenyi isaa inni cichoomaanii fi cubbuu irraa akka deebi’aniif, waamicha qalbii jijjiirrannaa hatattamaa gochuun isaa, namoonni baay’een akka cuuphaman godheera (Maar. 1:4-6). Tajaajilli isaa Israa’el keessatti jijjiirama finnaan diyaabiloos aaree raajicha ajjeesuudhaan ijaa baafate (Luq. 9:9).

Hojiin Yohaannis (inni hojii Eliyaasis ture) har’a immoo hojii keenya dha. Wangeela qalbii jijjiirrannaa fi fayyina karaa aarfamee du’uu Yesuus dhufu labsaa dhufaatii Yesuusiif akka qaophoofnuuf waamamne.

Hojichi salphaa ykn mijataa miti. amanamummaa, itti amanuu fi of kennuu gaafata. Wabiin rakkina irraa bilisa ta’uu nuuf hin kennamne, jireenyi bara baraa garuu wabii keenya (kan warra har’a ergicha fudhataniitis).



“Har’a biyya lafaa kana irratti waldaa Waaqaatiif waanti gatii addaa qabu – eegdonni maasii Isaatii – ergaa gorsaa fi akeekkachiisaa karaa raajota warra sanyii namaa bakka bu’anii kaayyoo Isaa isa bara baraa ifaa godhaniiti. Barsiisa raajotaa keessatti, jaalalli Inni sanyii badaniif akkasumas karoorri fayyinaa Inni qopheesse ifaatti mul’ateera. [...] Har’a ergaa Waaqayyo waldaa Isaaf qabu – warra maasii Isaa keessa amanamummaan hojjetaniif – raajota duriitiin kan dubbatame irraa adda miti: “Bara sana akkana jedhama; “Waa’ee iddoo dhaabaa wayinii kan namatti tolu sanaa faarfadhaa; Ani Waaqayyo isa nan eega; Ani yeroo hunda bishaan nan obaasa; akka namni tokko iyyuu isa hin miineef Ani halkanii fi guyyaa isa nan eega.” (Isaay. 27:2-3)”

EGW (Prophets and Kings, p. 22)

# **DABALATA: WAAMICHA RAAJUMMAA ELEN G. WAAYIT**

Ellen Gould Harmon ifa ishee isa jalqabaa Mudde 1844, umurii ishee 17tti fudhatte.

William Miller raajii Daani'el 8:14 akka dhufaatiin Yesuus 1843 ta'utti hiike. Booda guyyaan Onkoloolessa 22, 1844 hojjetame. Garuu Yesuus hin dhufne.

Haala sana keessatti, Ellen, daandiin biyya lafaa kana irraa gara Yerusaaalem ishee samii irraatti geessu itti agarsiifame, amantootni dhufaatii Isaa lammataa eeggatan immoo Yesuusii wajjin gara Magaalaa Qulqullooftuu sanaatti adeemu turan. Yoo iji isaanii Yesuus irraa hin buqqa'u ta'ee, karicha ni xumuru. Yoo bakka biraa ilaalan immoo karicha irraa kaatu.

Mul'ata Kanaan, Waaqayyo amantootaaf daandii sirrii irra jiraachuu isaanii mirkaneesseef. Jalqaba Elleniin kan amanan namoota muraasa yoo taa'an illee, booda garuu akka raajiitti fudhatamteetti. Ergaan ishee Adiveentistoota jalqabaa kaasee geggeessaa ture, har'as itti fufee ni geggeessa.

